Kutaa 3ffaa

"Namni Waaqaa akka qulqulluu fi hujii gaariif qophaawaa ta'uuf kitaabni Hafuurri Waaqaa irra jiru cufti barumsa rifachiisuuf qalbii sirreessuuf gorsa qajeelinnaatiifis ni fayyada."
Xim 2ffaa 3: 16-17

"Hiikkaan dubbii keetii ni ifa; daa'immanis hubattoota taasisa." Far 118(119):130

Baafata:-

Kutaa 3ffaa

Barumsa Kudhanaffaa:- Hafuura Qulqulluu 5

Tajaajila Hoga-Barruu wangeelaa

Barumsa fagoo

Kaayyoon barumsa kanaa warra Gooftaa amanuutti haaraya ta'aniifi warra yoo amantii keessa turanillee jireenya hafuura isaanii caalaatti cimsuu barbaadan barumsa kiristaanummaa barsiisuufi akka isaan jireenya hafuuraatiin guddatan gargaaruufi. Akkuma, "farda bishaanitti fidda malee akka inni bishaan dhugu hin dirqisiiftu" jedhamu sana barnoonni kunneen yoo barattoonni sirriitti hordofanii kutaalee kitaabaa isaan keessa jiran kitaaba Qulqulluun wal-bira qabanii jabaatanii qayyabachuu baatan yeruma tokko qofa dubbifachuun bu'aa barbaadamu argamsiisuu jechuu miti. Warri barnoota kana hordoftan hundi kitaaba qulqulluu keessan banattanii kutaalee isaatiin wal-bira qabuun akka tokoo tokkoo barumsa kanaa cimtanii qu'attan ni barsiisa.

Barnoota kanneen dhuunffaattillee yookiin gareen kitaaba qulqulluun qayyabachuuf itti fayyadamuun ni danda'ama. Namni Waldaa Kirstaanaa keessatti barattoota haaraya barsiisuuf itti gaafatama qabu tokkos itti fayyadmuu ni dand'a. Warri karaa keennaan barnoota kanneen dhuunfaan hordofuu barbaaddan garuu duraan dursitanii galmeeffamuu fi lakkoobsa eenyummaa fudhachuu qabdu. Sana booddees gaaffilee xummuramaa tokkoo tokkoo barmoota kana irra jiraniif deebii quubsaa erguun barmoota fagoo kana itti fufuu dandeettu.

Barnoonni fagoo kunneen barnoota bu'uuraa kudhanii-lama uf keessaa qaba; Kanas afur afuriin kutaa sadiitti qoonnee dhiyeessineerra. Mata dureewwaan isaaniis mata dureewwan kiristaana tokkoof ni barbaachisu jennee itti amannee dha. Barnoota kanneenis yaada tokkoo fi qalbiidhaan qayyabattanii akka deebii quubsaa barumsa sanaan wal-fudhatu kennitan malee jarjarsuufi uf-irraa baasuuf jettanii yookiin deebii barumsa sanaan wal-hinfudhanne akka hin kennine isin yaadachiisna.

Mata Dureewwan Barnootaas kanneen armaan gadi jiranii dha.

Kutaa Tokkoffaa

1. Fayyinna
2. Dubbii Waaqaa
3. Waaqa Kadhachuu
4. Amantii

Kutaa Lammaffaa

5. Tokkummaa amantootaa
6. Lola Hafuuraatii fi aangoo amantootaa
7. Sirnaallee waldaa kirstaanaa
8 . Kennuu (arjoomuu)

Kutaa sadaffaa

9. Sadan tokkummaa Waaqaa
10. Hafuura Qulqulluu
11. Deebi'ee-dhufaatii Gooftaa
12. Tajaajila

Yoo isin barnoota afran kutaa kana keessatti argaman sirriitti qayyabattanii deebii isaanii walitti qabdanii nuu ergitani deebii keessan ilaallee kutaa itti aanu isinii ni ergina. Yeroo kutaa 3^{ffaa} xummurtanitti immoo, waraqaa ragaatii fi traanskiriptii barnoota fagoo kana xummuruu keessan mirkaneessu isinii ergina.

BARUMSA KUDHANAFFAA:- HAFUURA QULQULLUU

I. Hafuurri Qulqulluun Eennu?

1. Hafuurri Qulqulluun Waaqa, Waaqa Abbaa fi Waaqa Ilmaan qixxee ta'e.

"Ayyaanni Gooftaa kenna Yesuus Kiristoosi, jaalaltii Waaqaatii fi tokkummaan Hafuura Qulqulluu cufa keessan waliin haa jiraatuu." Qor 2ffaa 13:14.

Mar 1:11 akkana jedha; "Yesuus yoosuma, akkuma bisaan keessaa ol bayeen samiin banamtee Hafuurri Qulqulluun bifa gugeetiin (saphaliisaatiin) isa irra bu'e arge. Qoonqa, "ati ilma kiyya kan na gammachiisu" jedhu tokko samii keessaa dhagayame.

"Egaa dhaqaatii namoota ormaa cufa maqaa Abbaatiin, maqaa Ilmaatii fi Maqaa Hafuura Qulqulluutiin cuuphaa, waan ani isin ajaje cufa isaan barsiisaatii barattoota kiyya isaan godhaa." Mat 28:19-20.

Kutaalee kanniin keessatti akka Hafuurri Qulqulluun Waaqa Abbaa fi Waaqa Ilmaan wal qixxee ta'ee fudhatamu agarra. Ammallee HuE 5:3-4 keessatti akka Hafuurri Qulqulluun Waaqa ta'e dubbata. Pheexiroosis "yaa Hanaaniyaa sheexannii maaliif akka ati Hafuura Qulqulluu sobdee horii lafa gurguratte keessaa argatte sana irraa hambifattuuf garaa kee keessa guute? ... ati Waaqa sobde malee nama hin sobne."

2. **Hafuurii Qulqulluun Uumaa dha**

Far 104:30 keessatti "ati Hafuura kee ergita; isaanillee ni uumamu, fuula lafaas ni haaromsita." jedha.

Iyo 26: 13 "samiilleen Hafuura isaatiin midhaaguma argate." Iyo 33:4; " Hafuurri Waaqaa na uume, Hafuurri Waaqaa kan waan mara danda'u jireenna naa kenne" jedha.

II. Amala Waaqummaa Hafuura Qulqulluu

1. Barabaraan jiraata;

Kitaabni Ibr 9:14, akkana jedha; "Kiristoosi Hafuura barabaraatiin sooriyoo (aarsaa) hirdhinna hin qabne uf godhee uf dhiyeesse kana dhiigni isaa akka nu Waaqa jiraataaf hojjannuuf qalbii keenya hagam hujii du'aa keessaa nu haa qulqulleessuu!

2. Bakka hunda jira

Far 139: 7:8, ani hafuura kee duraa garam dhaqa? fuula kee duraas garamitti baqadha? yoo ani samiitti ol bayellee ati achi jirta; yoo ani qileetti gadi bu'ellee ati achitti argamta" jedha.

3. Inni waan hunda beeka

"Hafuurri dhossaa Waaqaallee otoo hin hambisin waan hunda qora. Waan kana Waaqayyottu nuu ibse. Qor 1ffaa 2:10

Yoh 14:26, "Hafuurri Qulqulluun Abbaani maqaa kiyyaan isinii ergu kan isin jajjabeessu sun waan mara isin barsiisa. waan ani isinitti hime cufa isin herregsiisa" jedha. "Ani waan isinitti himuu hedduu qaba; isin immoo amma baachuu hin dandeettan. Hafuurri dhugaa sun garuu yeroo dhufu gara dhugaa hundaatti isin qajeelcha." Yoh.16:12-13

4. Inni Waanuma cufa danda'a

Kan akka Yesuus Kiristoos, (Ilmii Waaqaa) garaa Maariyaam keessatti uumamu uf jabeenna ta'e Hafuura Qulqulluu dha. Luq 1:35 "Hafuurri Qulqulluun jabeennaan sirratti gadi bu'a. jabeenni

Waaqa waan maraan ol ta'e sanaalleen sitti gaddiseessa. Kanaaf kan sirraa dhalatu sun Ilma Waaqa Qulqullichaa jedhama."

"Wonni akka Yesuus Kiristoos eegii du'een booddee jiraataa ta'u isa taasise jabeenna Hafuura Qulqulluuti. Garuu yoo hafuurri Yesuusin worra du'aa keessaa kaase sun isin bira jiraate, inni warra du'an keessaa Kiristoosin kaase sun Hafuura isaa kan isin keessa jiraatuun nafa keessan isa du'u kanaaf jireenna ni kenna." Rom 8:11.

"...Inni karaa fooniitiin du'ee karaa Hafuuraatiin ammoo jireenna argate." Phe 1ffaa 3:18

III. **Hafuura Qulqulluu bara kakuu Durii keessa**

Bara Kakuu durii keessa Hafuurri Qulqulluun qulqulloota keessa jiraachuu hin jalqamne ture. Garuu yoo barbaadamutti waan fedhe hojjachuuf dhufee isaan irratti gadi bu'ee waan fedhe jireenna isaanii keessatti hojjata. Fakkeennaaf:

1. **Hafuurri Qulqulluun mootota muudaa ture.**

Kitaaba Sam 1ffaa 16:13 irratti "Saamu'eel gaafa dhadhaa fuudee, obboleeyyanuma isaa jidduutti Daawit muude; Hafuurri Waaqaalleen gaafuma sanaa jalqabee jabeennaan Daawit irratti gadi bu'e" jedha.

"Waaqayyo, Waaqni Israa'eli akkana siin jedha; Ani akka ati gumii Waaqaa saba Israa'el irratti mootii taatuuf si muudeera." Mot 2ffaa 9:6

2. Raagota irratti gadi bu'aa ture

"Hafuurri Waaqaa karaa kiyyaan dubbate; dubbiin isaalleen arraba kiyya irra ture" Sam 2ffaa 23:2

"Hafuurri Waaqaa Azaariyaa ilma Odeedi irratti gadi bu'e; innillee gara Asaa dhaqee ... Asaanis dubbii tanaa fi ergaa raaga Odeedi jedhamu sanaa dhagennaan garaa jabaate." Sen 2ffaa 15:1-2:8

3. Nama tokko tokko irratti gadi bu'ee akka isaan yaada isaa raawwatan gochaa ture.

Kitaaba Abbootii Murtii 3:9-10 keessatti akkana jedha;" ilmaan Israa'elii Waaqatti iyyattan; Waaqnis nama isaan oolchu Otini'eel ilma Qa'enaazii, obboleessa Kaaleb maandhicha sanaa kaasee muudeef. Hafuurri Waaqaalleen isa irratti gadi bu'e; innilleen warra Israa'eli irratti abbaa murtii ta'ee murtii kennaa ture."

"Saamsooni, abbaa fi haati isaa Timnaatti gadi bu'anii bakka Timnaa keessaa lafa dhaaba wayinii tokko gahanii. Jennaan leenci saafelli (kubleen) tokko gururiyaa isatti dhufe. Hafuurri Waaqaa jabeennaan isa irratti gadi bu'e, Saamsoon otuma waan tokko harkaa hin qabaatin akkuma nama ilmaan re'ee gargari cicciruu leenca sana ciccire." Ab. Mu. 14: 5-6

"Hafuurri Waaqaa jabeennaan isa irratti gadi bu'e; haadi harki isaa ittiin hidhames akkuma ribuu ibiddi tuqee ta'e; hidhaansis harka irraa lafa bu'e. innilleen lafee boqoo (mangaagaa) harree haaraya tokko argatee harka diriirfatee fudhate; lafee sanaanis nama kuma tokko ajjeese". Ab.Mu 15:14-15 .

Hafuurri Waaqaa haala akkanaatiin jireenna nama tokko tokkoo keessatti hojjachuu malee saba cufa irratti gadi hin buune.

IV. Hafuurri Qulqulluun bara kakuu haarayaa keessa

Kennaan Waaqayyo ilmaan namaatii kenne lama:

1. Akka nu isatti amannuuf ilma isaa Yesuus Kiristoosi nuu kenne.

"Akka namni isatti (Kiristoositti) amanu cuftinuu hin bannee garuu akka jireenna bara baraa argatuuf, Waaqni haga ilma isaa

tokkicha (Yesuus Kiristoosin) namaa kennutti akkanumaan addunyaa jaalate" Yoh 3:16

"Gatiin cubbuu du'a; kennaan tola Waaqaa garuu jireenna barabaraa kan karaa Gooftaa keenna Kiristoos Yesuusiitiin dhufe sana" Rom 6:23

2. Kennaan lammaffaan Hafuura Qulqulluu dha. Wonni Hafuurri Qulqulluun nuu kennameef akka nu woliin jiraatuuf, akka nu keessa taa'uuf.

Yoh 14:16-17 akkana jedha; "Ani Abbaa kadhadha, innilleen jajjabeessaa (gargaaraa) haga barabaraa isin waliin jiraatu tokko isinii kenna. Kunilleen Hafuura dhugaa kan laftii waan isa arguu fi beekuullee hin dandeenneef isa fudhachuullee hin dandeenne sana. Isin immoo sababii inni isin waliin jiraatee isin keessa jiraatuuf isa ni beettu.
"Ergaan Yoh 1^{ffaa} 4:13, "Waan inni hafuura ufii irraa nuu kenneef, aka nu isa keessa jiraannee innilleen nu keessa jiraatu beenna" jedha.

Waan Hafuurri Qulqulluun yoo nu waliin jiraate hojjatu

A) Balleessaa namaa itti hima; "innilleen dhufee waayee cubbuu, waayee qajeelinnaatii fi waayee murtii saba biyya lafaatti hima" Yoh 16:8

B) Nama barsiisa; Yoh 1^{ffaa} 2: 27 irratti; "dibanni isin isa irraa argattan sun isin keessa jiraata; akka namni tokkolleen isin barsiisuuf isin hin barbaachisu. Garuu akkuma dibanni isaa (Hafuura qulqulluu) waayee waan cufaa isin barsiisee, akka inni dhugaa malee dhara hin ta'inis isin barsiise sanatti isaan jiraadha." jedha.

"Hafuurri Qulqulluun, jajabeessaan sun waan cufa isin barsiisa" Yoh 16:26

C) Gara dhugaa hundaa nama qajeelcha. " hafuurri dhugaa sun immoo yeroo dhufu gara dhugaa cufaa isin qajeelcha." Yoh 16:13

D) Nama jajjabeessa. Yoh 14:16-17 akkana jedha; " Ani Abbaa nan kadhadha, innilleen jajjabeessaa (gargaaraa) haga barabaraa isin waliin jiraatu tokko isinii kenna. Kunilleen hafuura dhugaa kan biyyi lafaa waan isa arguu fi beekuullee hin dandeenneef isa fudhachuullee hin dandeenne sana.

"Yoh 14:26 irratti Hafuurri Qulqulluun isin jajjabeessu sun waan mara isin barsiisa. Waan ani isinitti hime mara isin qaabachiisa" jedha.

E. Akka nu Waaqa kadhachuutti jajjabaannu nu gargaara." Akkasuma Hafuurri dadhabbii teenna nu gargaara; nu akka itti Waaqa kadhachuu qabnu sirriitti hin beennu; garuu hafuurri mataan isaatuu akka namni danda'ee afaaniin hindubbanne/hin ibsinetti /dhukkubsatee Waaqa nuu kadhata". Rom 8:26.

F. Hafuurri Qulqulluun Yesuusin nuu muldhisa. "Inni (hafuurri Qulqulluun) na ulfeessa; waan ani qabu keessaa fuudhee isinitti hima". Yoh 16:14

V. <u>Hafuura Qulqulluun guutamuun maaliif barbaachisa?</u>

A) Sababii ajaja ta'eef. "Hafuuraan guutamaa malee daadhii wayiniitiin hin machaayinaa." Efe 5:18

B) Humna argachuufi Waaqa kadhachuuf, dubbii Waaqaa dhugaa bawuuf (dhugeessuuf). Dubbii Waaqaa dubbifa- chuuf, hujii sheexanaa diiguuf, foon keennaa fi lafallee moo'achuuf humna nuu ta'a.

"Garuu yeroo hafuurri qulqulluun isin irra bu'u humna ni argattu. Yerusaalemii, Yihuudaa maraafi Samaariyaa keessatti, haga moggaa lafaattillee dhugeessitoota naa taatu. "HuE 1:8

VI. Hafuura Qulqulluu Akkamiin Arganna?

A) Akka Hafuura Qulqulluun kennaa warra Kiristoositti amanu hundaaf kenname ta'e amanuun.

B) Cubbuu irraa araaraan Waaqatti deebinee onnee Qulqulluun kurfaa'anii eegachuun.

C) Hafuura keennaanuu itti dheebonnee akka inni gara jireenna keennaa dhufuu Waaqa kadhachuun. Yoh 7:37-39 irratti "Namni dheebote kamiyyuu yoo jiraate gara kiyya dhufee haa dhuguu. Akkuma kitaabni jedhu sana nama natti amanu burqaa bishaan jireennaattu garaa isaa keessaa maddaa jedhee iyye. Inni waan kana waayee hufuura isaa kan warri isatti amanan argachuu dadhaban sana dubbate."

D) Abdii kutachuu dinnee dheebuu keennaafi Waaqa kadhachuu keenna ittuma fufuun.

"Isin keessaa warri abbootii taatan, namni tokko yoo ilmi isaa buddeena kadhatu dhagaa kennaafii? Yoo isiniyyuu warri hamaan waan dansaa ilmaa keessanii kennuu beettan, Abbaani samii jiru sun hagam caalchisee warra isa kadhataniif Hafuura Qulqulluu haa kennuu ree?" Luq 11:11-13

VII. Waan yoo nu Hafuura Qulqulluun guutamnu ta'u

Kitaaba hujii Ergamtootaa keessatti akka namoonni Hafuura Qulqulluun guutamnaan afaan haaraya dubbatan bakka hedduutti barreeffame. HuE 2: 1-4, 10:44-46.

Bakka tokkotti immoo akka isaan afaan harayaa fi raajii dubbatan ilaalla, HuE 19:5-6.

Walumaa galatti, yoo Kiristaani tokko Hafuura Qulqulluun guutamu. (Waan kanneenittu ta'a)

1. Kennaawwan ayyaana Waaqayyoo tokko tokko muldhachuu jalqabu.

2. Ulfinna Yesuus Kiristoositiif, ifumatti ba'anii dubbachuun (rageessuun) jalqaba. HuE 4:31

3. Firiin (midhaan) hafuuraa martinuu muldhachuu jalqabu. (Gal 5:22)

Akka eebba Hafuuraa kanneen armaan olitti ibsaman kana jireenya keenna keessatti guutamiisaan arginuuf, akka hafuurri Qulqulluun baldhinnaan jireenna keenna keessa jiraatu haa eeyyamnuufi.

Hafuurri Qulqulluun kennaa nu yeroo tokko guutamneenii "ani amma guutameera" jennee dhiifnuu miti; qooda kanaa, yeroo cufa fuula isaa duratti dhiyaannee guutamuunii qabna . Dubbiin Efe. 4:18 irratti "hafuuri isin haaguutu" jedhu sun akka wanni kun waan gargari hin cinne kan yeroo hunda ta'uu malu tokko ta'e nu agarsiisa.

HAFUURRI ISIN HAA GUUTUU!

BARUMSA KUDHANAFFAA: HAFUURA QULQULLUU

Lakkoobsa_____
Waraqaa Eennumaa:_____
Maqaa: _____
Bakka jiraattu: _____
_____

1) Amalli Hafuura Qulqulluu kanneen akka inni Waaqa ta'e argasiisan kam fa'a?
2) Hujiin Hafuurri Qulqulluun bara Kakuu durii keessa hojjate gugurdoon maal fa'a?
3) Bara Kakuu Haarayaa kana keessa amma maal fa'a hojjachaa jira? Hujiin Hafuura Qulqulluu kunniin hagam jireenya kee keessatti hojjatamaa jira?
4) Haalli hujii Hafuura Qulqulluu kan bara Kakuu duriitii fi kan bara Kakuu Haarayaa garaa garummaa akkamii qaba?
5) Hafuura Qulqulluun guutamuun:
   a) Maaliif barbaachisa?
   b) akkamiin guutamuu dandeenna?
   c) wonni inni fidu maali?
6) Akka hujiin Hafuura Qulqulluu guutamaan jireenna kee keessatti muldhattuuf wanni ati karaa keetiin hojjachuu qabdu maali?